# YAKKAMAA TA'UUDHAAN SAGALEE KENNUU

*Galmeen yakkaa keessan Minnesota keessatti mirga sagalee kennuu keessan HIN TUQU, yoo <u>yeroo ammaa</u> sababa murtii yakka cimaatiin (felony) hidhaa irra jiraattan malee.*

## *MURTII YAKKA CIMAA (FELONY) BOODA SAGALEE KENNUU*

Waxabajjii 1, 2023 irraa eegalee, yoo ammaa sababa murtii yakka cimaatiin (felony) hidhaa irra hin jirtan ta'e, lammummaa Ameerikaa kan qabdan, Guyyaa Filannootti yoo xiqqaate umriin keessan 18 kan guute fi yoo xiqqaate guyyoota 20f jiraataa Minnesota yoo taatan sagalee kennuu dandeessu.

## *MIRGI KEESSAN ERGA ISINII DEEBI'EE BOODA SAGALEE KENNUU*

Yoo sababa murtii yakka cimaatiin hidhamtanii turtan, erga hidhaa xumurtanii booda sagalee kennuu dandeessu. Yeroo mirgi sagalee kennuu keessan isiniif deebi'u, galmaa'uu qabdu. Karaa armaan gadiitiin galmaa'uu dandeessu:

- Karaa onlaayinii ***mnvotes.gov/register***
- Unka waraqaa guutuudhaan, poostaadhaan gara Waajjira Sekreetarii Isteetii Minnesota ykn waajjira filannoo kaawuntii keessaniitti deebisuun galmaa'uu dandeessu.
- Qaamaan waajjira filannoo kaawuntii keessanitti argamuudhaan.

### *GUYYOOTA 2026*

***DURSAA FILADHAA***
*Waxabajjii 26 – Hagayya 10*

***DURSAA GALMAA'AA***
*Hamma Adoolessa 21tti*

***FILANNOO SADARKAA DURAA***
*Kibxata, Hagayya 11*

***DURSAA FILADHAA***
*Fuulbaana 18 – Sadaasa 2*

***DURSAA GALMAA'AA***
*Hamma Onkololeessa 13tti*

***GUYYAA FILANNOO***
*Kibxata, Sadaasa 3*

*karaa duubaa itti fufa...*

**Waajjira Sekreetarii Isteetii Minnesota**

*mnvotes.gov • BILBILA: 1-877-600-VOTE • ERGAA GABAABAA: 651-217-3862*

# YAKKAMAA TA'UUDHAAN SAGALEE KENNUU

## *KANNEEN ARMAAN GADII YOO TA'E SAGALEE KENNUU NAN DANDA'AA...*

| | |
|---|---|
| Yoon himannaan narratti baname ykn balleessaa yakka salphaa (misdemeanor) ykn yakka giddu-galeessaa (gross misdemeanor) qabaadhe? | **EEYYEE** |
| Yoon mana sirreessaa keessa jiraadhee, garuu murtii yakka cimaatiin natti hin murtoofne ta'e? | **EEYYEE** |
| Himannaan yakka cimaa narratti banamee, garuu balleessaa qabaachuun koo murtii hin arganne yoo ta'e? | **EEYYEE** |
| Murtiin koo yoo yeroodhaaf tursiifamaa jiraate? | **EEYYEE** |
| Isteetii biraatti yakka cimaatiin balleessaa qabaachuun koo yoo mirkanaa'e, garuu yeroo ammaa hidhaa irra yoon hin jiru ta'e? | **EEYYEE** |
| Yoon murtii yakka cimaatiin erga hidhaa gadhiifamee booda, to'annoo seeraa jala jiraadhe? | **EEYYEE** |
| Yoon yakka cimaatiin balleessaa qabaadhee, yeroo ammaa hojiif mana sirreessaatii gadi dhiifamee jiraadhe? | **EEYYEE** |
| Yoon akka filannoo federaalaatti giddugala tursiisaa yeroo (reentry center), gadhiifama to'annoo mootummaa jala jiru (state supervised release) ykn kaayyoo kan biraa mana hidhaa keessatti kan hin tursiifamne garuu daangeffama tokko tokko keessa (non-incarceration) jiraadhe? **Giddu-gala gara hawaasaatti deebisuu keessa yoo jiraattan, akka "nama to'annaa jala oole" lakkaawamuu fi dhiisuu keessan irratti gaaffii yoo qabaattan, qondaala dhimma keessan to'atu mariisisuu qabdu.** | **EEYYEE** |
| Yoon yeroo ammaa adabbii yakka cimaaf mana sirreessaa, mana hidhaa ykn (adabbii yakka cimaa federaalaatiif) giddugala tursiisaa yeroo keessa jiraadhe? | **LAKKI** |